

Seena Gabaabaa Kan



Lubicha Guddinaa Tumsaa

Handwritten notes in Amharic script, including the word 'Lubicha' and 'Guddinaa'.

Ofiif Jedhee Miti

Lubichi Guddinaa Tumsaan Aadde Naasisee Cirrachoo fi Obbo Tumsaa Silgaa irraa bara 1929 magaalaa Boojjii Wallagaa keessetti dhalate. Barmoota Boojjitti jalqaba mana barmootaa Misiyoonii Najjoo jiru dhagee itti fufe. Dhalatee waggaa 16 itti otoo Misiyoonotaaf afaan hiikuu achumaan waayee hojii misiyoonii fi waayee jireenya barbaraa barate. Jaalalli ergaa Waqayyoo lallabuus ogguu sana itti uumame. Kana dura garuu Hospitaala Naqamtee keessatti waggaa lamaaf eegumsa fayyaa baratee Diplomaa tiin eebbifame. Hojjettuu eegumsa fayyaa tahee waggaa afuriif hojjette. Bara 1951 Adde Xahay Tolasaa fuudhee iboollee dhiiraa lamaa fi dubra sadii godhate.

Bara 1955 irraa jalqabee barmoota Tiyooolojii waggaa sadiif baratee Diplomaa dhaan akka lubaatti (pastor) eebbifame. Nama hojii jaallatu tahuusaa fi dandeettii hogganuu akka qabu arguu dhaan waldaan Makaan Yasuus barmoota Tiyooolojii ol sana akka baratuuf gara Ameerikaatti ergeen. Achitti digrii Masters of Divinity jedhamu argate. Ameerikaa keessa otoo jiruu muuxannoo waldootni kiristaanaa biyyoota adda addaa qaban irraa barachuuf carraa argate.

Akka hayyu dureetti Guddinaa Tumsaan waldaan isaa yaada Tiyooolojii bal'aa akka horatuu fi of dandahee akka dhaabatu taasise. Jalqaba bara 1970 keessa barruun Guddinaa Tumsaa fi namoota biraatiin barreeffame tokko waldoota Lutaranii biyya alagaa jiran hundatti ergamee ture. Mata dureen barruu kanaas "Labsii Ergaa Waqayyoo fi Dagaagina Namaa," kan jedhu ture. Barruun kun uumsa afuuraa fi foonii addaan baasu dura waan dhaabbateef yaada wal mormu namoota gidduutti kakaase. Haata'u malee dhumarratti barruun kun warraa Lutaranii fi waldoota adda addaan fudhatame.

Hoggantichi Guddinaan miidhaa ilmaan namaa irra qabu cufa dura dhaabbachuu fi dubbachuu irraa of hin qusanne. Muuxannoo inni ogguu Afrikaa Kibbaa dhagee argate akka inni cunqursaa fi sanyii Balfattummaa (racism) hunda dura dhaabatu isa taasise. Oguu baay'ee Guddinaan niree uummatni Afrikaa Kibbaa qabuu fi kan uummata Oromoo akksumas sabootni cunqurfamaa Itophiyaa keessa jiran wal bira qabee ilaalaa ture. Oguu carraa argate hundatti miidhaa fi cunqursaa uummatasaa irratti sirna cunqursaa mootumichaan qabu hunda ifatti dubbachuurraa of hin qusanne. Amantii cimaa inni Waqaa fi haqa ilmoo namaa irratti qabu akka inni sodaa tokko malee waladaa kiristaanaa keessatti fi bakka isaa dandahame hundatti rakkoo polotikaa jiru akka dubbatu isa dandeessise.

Waldootiin kiristaanaa adda addaa Finfinnee keessa jiran sinoodosii tokko jalatti akka ijaaramaniif yaroo dheeraaf irratti hojjete. Sinoodosiin Finfinnee keessaa bara 1974 itti ijaaramee Guddinaan dura taa'aa isa jalqabaa ta'e. Dabalees gamtaan waldoota Kiristaanaa adda addaa ijaaramuun isaa hunda caalaa tattaaffii inni godherraan kan ka'e. Kanaafuu dura taa'aa gamtaa kanaa isa jalqabaa tahee filame.

Guddinaan waldaa fi biyyaa isaarra dabree addunyaa keessatti hoggana beekamee ta'e. Walii galtee fi wal dandahuu amantoota adda addaa gidduutti ijaaruuf Guddinaan carraaguun isaa akka jaallatamuu fi kabajamu taasiseen. Amantii Islaamaa fi amantoota adda addaa wajjiin haasawni akka jiraatuuf jajjabeessaa irrattis hojjechaa ture.

Warraaqsi bara 1974 Itophiyaa keessatti tahe waraana addaan hin cinne, beela, jeeqama fi rakkoo dinagdee fide. Shororkaa fi hidhamuun namootaa, akkasuma dhaabbanni Idiyoolojii Makaana Yasuus miseensoota isaa irratti dhiibbaa fide. Yaroo hamaa kana keessatti hogganoota hanga xiqqoo sodaa malee warra waldaa ofii fi mirga ilmoo namaaf dubbatan keessaa Guddinaan tokko ture. Cunqursaa fi miidhaa mootummaan dargii uummata irra geessisu mormuunsaa miidhaa guddaa jiruu isaarra geessise. Yaadaa hiriyoonnisaa akka biyya alaatti baqatuuf dhiyeessaniif dide. Ummatasaa biratti hafee rakkoo isaani hirmaachuu irra filate.

Bara 1978 yaroo jalqabaaf hidhame. Ji'a tokko booda gad-dhiifame. Si'a lammaffaa bara 1979 baatii Waxabajjii keessa hojii polotikaa hojjetta jehdamuu dhaan hidhame. Yaroo kana kan mootummaan Dargii akkas adarkaa adduunyaatti isaaniif hojjetu isa gaafate. Guddinaanis waan gaaffiin kun yaada inni dhaabbateef wajjiin wal dhabuuf dideen. Xalayaa intalasaaf barreesse tokko keessatti mootummaa mirga ilmoo namaa cabuu waliin hojjechuu mannaa akka du'a filatu barreesse. Dhaabbiisaa kanas Ximootiwoos Lammaffaa Boqonnaa 4ffaa, Lakkoobsa 6 hamma Btti "Kunoo an nan aarfamawoo adeemsikoos jala ga'era. Isa gaarii lola lola, kaachuu koos raawwadhe, amantiis eege. Egaa gonfoon tolaa naa qophaa'e jira, Waaqayyoo kan naa kennu guyyaa sanatti inni tolaan abbaan firidiin sun. Kanarraa waan Guddinaan akeeka jireenyaa huu batee fi bira ga'e ta'ee mul'ata. Mana hidhaa keessatti Macaafa Qulqulluu dubbisaa warra isaa wajjiin hidhaa keessa turen jajjabeessaa ture. Mana hidhaa keessa taa'ees akka inni itti ergaa Waaqayyoo huubatu fi hiikaa inni haala keessa ture keessatti isaaf qabu firoottan isaatti dhaamaa ture. Romee 8:28 keessatti waan barreeffame, "nu garuu garii goonee beekna, warra Waaqayyoon jaallatanuu waanti hundinuu isaaniin gargaara. Gaarii isaanii gochuu dhaaf," dabalees 2 Qoronxoo 5:15 "Innis du'eera hundumaafuu, kan jiraatanuu ofiisanitiif akka hin jirraannetti isanii du'e ka'es malee."

Har'a namootni biyya kana keessa jiraatan hojiisaa irraa bu'aa argachaa jiru. Waan inni haqaa fi mirga ilmoo namaaf dubbateef jechootni isaas biyya lafaa keessatti dubbatamu.

Adoolessa 28, 1979 Guddinaa fi haati manaa isaa etuu waldaa irraa gara manaatti galuu namoota hidhannoo qabaniin fudhatame. Haati waarraa isaa maatii fi firootan isaa akkasumas hiriyoonna isaa baakka hunda barbaadani dhaban.

Waldootni, dhaabbotiin addunyaa, mootumnoonni alaa fi diplomaatootni akka inni hiikamu gaafatanii turan, haata'u malee mootummaan Dargii deebii wal hin fakkaanne. adda addaa keennaa ture.

Bara 13 booda Caamsaa 29, 1992 lubtichi Guddinaa Tumsaa akka ajjeefame beekame. Lafeen isaa bakka inni bara 1979 dhoksa dhaan warra dargii dhaan awwaalame keessaa baafame.

Guyyaa yaadannoo kanarratti wareegama Guddinaa Tumsaa ergaa Waaqayyoo lallabuu fi mirga ilmoo namaaf falmuuf godheen yaadachuu feena.

Akeekni Guddinaa namoota gidduutti gaarummaa. amantoota adda adde gidduu wal dandehuu fi haqa ilmaan namaa hundaa hordofuu ture. Otoo fedhii fi hawwiisaa kanneen bakkaan hin ga'atiin mootummaa Itophiyaatiin ajjeefame.

Maatiin, hiriyootni fi warri hojiisaa deeggaran biyyaa fi biyya alaa jiraatan akeeka isaa kana hordofuun barbaachisaa akka tahe huubachuu dhaan waldaya gargaarsaa maqaa isaatiin dhaabuuf murteeseen. Waldaan kunis namoota rakkoo fi miidhaan irra gahe, kanneen kan inni jaallate, hojjetee fi lubbuu isaa dabarseef akka itti gargaaraman taha.

Carraa har'a argameen dhimma bahuu dhaan maatiin isaa akka koreen tokko waldayaa gargaarsaa kana ijaaruuf dhaabbatte isin beeksisa. Kanas hojii irra colchuu dhaaf koreen kun gorsaa fi gargaarsa dinagdee keessan barbaada.

Teessoon

The Rev. Gudina Tumsa's Foundation
P.O.Box 6147
Addis Ababa
Ethiopia

Tel. 18 85 91

Waxabajjii 27, 1992